Maatii Keessan
talaallii heepatayitis B dhan eegaa

Heepatayitis B infeekshinii tiruu kan vaayirasii heepatayitis B jedhamuun dhufudha.

Afrikaa fi Eeshiyaa dabalatee kutaalee addunyaa hedduu keessatti baay'ee mul'ata.

Namoonni hedduun yeroo daa'imummaa ykn yeroo ijoollummaa heepatayitis B dhan qabamu.

Heepatayitis B hamaadha.

Vaayirasiin heepatayitis B mallattoo tokko malee rakkoolee fayyaa hamaa fiduu danda'a, isaanis kan dabalatan:

- Miidhaa tiruu
- Kaansarii tiruu
- Hospitaala ciisuu
- Du'a

Heepatayitis B talaalliiwwan fayyaalessaa fi bu'a qabeessa ta'aniin ittifamuu danda'a.

Doktooronni fi saayintistoonni seenaa wal'aansa yaalaa ykn akkaataa jireenyaa isaanii osoo hin ilaalin namoonni hundi talaalliiwwan dhukkuba heepatayitis B akka fudhatan gorsu.

- Talaalliiwwan Heepatayitis B umurii keessan guutuu dhukkuba tiruu fi kaansarii tiruu irraa isin eega.
- Ofii fi namoota jaallattan dhukkuba heepatayitis B irraa umurii guutuu eeguf lilmoo talaallii muraasa qofa barbaachisa.

Talaalliwwan hin fayyisan.

Yoo durumaanuu heepatayitis B dhan qabamtan ta'e, talaalliin infeekshinii keessan hin fooyyessu ykn hin hammeessu.

Namoonni jaallattan heepatayitis B irraa fayyaa akka ta'an gochuuf karaan hundarra gaarin talaalliiwwan heepatayitis B akka fudhatan mirkaneessudha.

MHI
Migration Health Initiative

Maatii Keessan talaallii heepatayitis B dhan eegaa

Talaalliwwan heepatayitis B fayyaalessa.

Talaalliwwan heepatayitis B biliyoona 1 ol ta'an addunyaa guutuutti kennamanii jiru.

Namoonni baay'een yeroo daa'ima ta'an talaalliiwwan heepatayitis B fudhatu.

Talaalliin Heepatayitis B dubartoota ulfa ykn harma hoosisaniif fayyaalessa.

Talaallamuu

Yeroo baay'ee miidhaa masoo namoonni hubatan dhukkubbii harkaa bakka lilmoo waraannatanitti uumamu qofa.

Heepatayitis B irraa guutummaatti of eeguf talaalliwwan lama ykn sadi isin barbaachisa. Talaalliiwwan meeqa akka isin barbaachisan doktara keessan gaafadhaa.

Talaallii heepatayitis B keessaa tokko yoo isin jalaa bahe, homaa miti. Waa'ee talaallii itti aanu fudhachuu hakiima keessan waliin haasa'uu keessan mirkaneeffadhaa.

MHI
Migration Health Initiative